# Hattuun hamaan nama salaata hatuu dha", ni jedhe :akkmitti salaata isaa hata? ni jedhan: "Rukuu'as ta'ee sujuuda isaa hin guutu

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Hattuun hamaan nama salaata hatuu dha", ni jedhe :akkmitti salaata isaa hata? ni jedhan: "Rukuu'as ta'ee sujuuda isaa hin guutu".

[sirrii] [ibnu hibbaan odeesse]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni baay’ee fokkataan hattuu salaata isaa irraa hatu akka ta’e ibsaniiru. hattuu kana kan adda taasisu, qarshii nama biraa fudhachuun addunyaa kana irratti fayyadamuu danda'a. Sababni isaas mindaa fi ajrii ofii argachuu qabu hate waan ta'eef jecha, ni jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii akkamitti namni salaata ofii hata? Isaanis: Rukuu'aa fi sujuuda salaataa hin guutu; sunis rukuu'a fi sujuuda keessatti ariifatuuni, akkataa barbaadameen isaan hin raawwatu.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee